Harla Journals
Harla Journal of Social and Behavioral Studies
Journal home page: https://journals.ddu.edu.et/index.php/HJSBS
Harla journal of Social and Behavioral Studies

**Qaacceessa Seeroota Itti Fayyadama Dhamjecha Matimeessituu Afaan Oromoo: Maleenyaa Xiinxala Sonawaatiin**

***An Investigation of the Usage Rules of the Nominativizing Morpheme in Afaan Oromoo: An Explorative Analysis Approach***

**Fayo Kadiro[1]*, Shemshedin Ahmed[2]**

[1]*Department of Afan Oromo Language and Literature, College of Social Science and Humanities, Dire Dawa University, Dire Dawa, Ethiopia, Phone: +251913933267, Email: fayokadiro7@gmail.com*
[2]*Wahel Secondary School, Language Teacher, Dire Dawa, Ethiopia, Phone: +251910058015, Email: shemshedinahmed@yahoo.com*

**Corresponding Author*

## Abstract

*This study investigates the rules governing the usage of nominativizing morphemes in Afaan Oromoo, with the aim of identifying and describing the phonological and syntactic principles that regulate their application. Using a descriptive research design and an explorative analysis approach, data were drawn from 512 purposively selected lexical items and six expert scholars representing different dialects. Data collection involved discourse analysis and focus group discussions, guided by checklists, and the analysis employed linguistic elicitation techniques. The findings show that most Oromo nouns end with long vowels (/aa/, /ee/, /ii/, /oo/, /uu/), while some end with short /a/ or consonants, but none end with short /e/, /i/, or /u/. Nouns, adjectives, pronouns, and verbs may serve as subjects when marked with nominativizing morphemes. The main forms identified are –i, –n, –ti, –ni, and –tu, which attach to words systematically rather than arbitrarily. Two broad rule sets were distinguished: phonology-based rules, which determine morpheme choice based on phonological endings, and syntax-based rules, which govern selection according to grammatical function. In total, nineteen rules were identified. These results contribute to the standardization of Afaan Oromoo, facilitate its teaching and learning as a second language, and improve digital platforms for translation between Afaan Oromoo and other languages.*

**Keywords:** *nominativizing morpheme, phonology-based rules, syntax-based rules*

**Corresponding author: Fayo Kediro,* Phone: +251913933267, Email: fayokadiro7@gmail.com

*DOI:*

*© 2023 Harla Journals and Author(s). Published by Dire Dawa University on Open Access Policy under CC-BY-NC 4.0.*
*Received April 2023; Received in revised form May 2023; Accepted June 2023*

**Axeeraraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa dhamjecha matimeessituu Afaan Oromoo qaacceessuun seeroota dhamsagaafi xiinhimarratti hundaa'an kanneen itti fayyadama isaa murteessan addaan baasuun lafa kaa'uudha. Saxaxa qorannoo addeessaafi maleenyaa qorannoo xiinxala sonaawaa fayyadamuun ragaaleen jechoota iddattoo 512 mala iddatteessuu kaayyootiin filamaniifi hayyoota afaanii jaha kanneen seenduubee loqodoota adda addaa qaban irraa sassaabame. Meeshaaleen funaansa ragaalee xiinxala haasbarruufi marii garee xiyyeeffataa futuraan (checklist) qajeelfaman toftaa birkibsuu xiinqooqaa wajjiin hojiirra oolaniiru. Argannoon qorannichaa akka argisiisutti irracaalaan maqaalee Afaan Oromoo sagaleewwan dubbachiiftuu dheertuun (/aa/, /ee/, /ii/, /oo/, /uu/) kan xumuraman yemmuu ta'u, maqaaleen garii immoo sagalee dubbachiiftuu /a/ yookaan /o/ gabaabduun, akkasumaas, gariin sagalee dubbifamaatiin xumuraman. Afaan Oromoo keessa maqaaleen sagalee dubbachiiftuu /e/, /i/, yookaan /u/ gabaabduun xumuraman hin jiran. Afaan Oromoo keessatti, maqaa, maqibsii, bamaqaa fi gochimni akka matimaatti tajaajiluun dhamjecha matimeessituu maxxanfachuu danda'an. Unkaaleen ijoon dhamjechi matimeessituun Afaan Oromoo keessatti itti mul'atuun –i, –n, –ti, –ni, fi –tu yemmuu ta'u, unkaaleen kunniin akkuma argan osoo hintaane seera of danda'e hordofuun matimatti maxxanan. Seeroonni kuniis seeroota dhamjecha matimeessituu dhamsaga bu'ureeffataniifi seeroota dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hundaa'an jechuun bakka lammatti qoodaman. Walumaagalatti, seeroonni itti fayyadama dhamjecha matimeessituu kudha sagal adda baafamuun ibsamaniiru. Bu'aan qorannoo kanaa Afaan Oromoo waalteessuu, afaanicha akka afaan lammaffaatti barsiisuufi gamlatoota dijjitaalaa Afaan Oromoofi afaan biroo giddutti jijjiirraa hojjetaniif gumaacha guddaa qaba.*

**Jechoota Ijoo:** Dhamjecha matimeessituu, Seeroota dhamjecha matimeessituu dhamsaga bu'ureeffatan, Seeroota dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hundaa'n

## 1. Seensa

### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan Oromoo maatii afaanii guddicha Afroo-asiyaatik jedhamu keessaa damee afaanii isa Kushitik jedhamu jalatti ramadama (Cerulli, 1922; Delby, 2006). Afaan kun afaanoota damee Kushitikii keessaa baay'ina dubbattootaatiin sadarkaa duraarratti argama (Tilahun, 2018). Afaanichi ardii Afrikaa keessatti dubbattoota baay'ee qabaachuun Afaan Arabaafi Haawsaatti aanee sadarkaa sadaffaarratti argama (Gragg, 1976; Baqqalaa, 2021). Itoophiyaa keessatti, afaanichi namoota miliyoona jahaatama caalaniin akka afaan tokkoffaatti dubbatama (Tafarii, 2015). Biyyoota ollaa kanneen akka Keeniyaa, Somaaliyaa, Suudaaniifi Taanzaaniyaa keessattiis namoota miliyoona kudhanii gad hintaaneen akka afaan jalqabaatti dubbatama (Tilahun, 1993). Kana malees, naannoo gaanfa Afrikaa keessatti Afaan Oromoo namoota miliyoona jaha caalaniin akka afaan lammaffaatti dubbatama (Keith & Sarah, 2009). Afaan Oromoo Raayyaa Azaboo, kibba Tigiraay irraa eegalee hanga Laga Xaanaa, kibba-baha Keeniyaatti, akkasumaas kibba-baha Suudaan irraa kaasee hanga Wucaalee, kaaba Mootummaa Naannoo Somaalee Itoophiyaatti dubbatama (Delby, 2006) waan ta'eef afaanichi loqodoota hedduu qaba (Cerulli, 1922). Haa ta'uu malee, afaanichi carraa afaan hojii, afaan barnootaafi afaan qo'annoofi qorannoo ta'uu kan argate yeroo dhiyoo asi (Delby, 2006). Afaan Oromoo bara 1973tti afaan hojii dhaaba Addaa Bilisummaa Oromoo, bara

1991tti afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaafi afaan barnootaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa ta'uu eegale (Tilahun, 1993).

### 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Afaan meeshaa walqunnamtii dhala namaa kan seeroota addaa addaa ofkeessaa qabuudha (Halliday, 2004). Seeroonni afaan tokkoo seeroota afaan biraatiin garaagarummaa guddaa qaba (Alexiadou, 2001). Seeroota afaanii kana namoota afaan tokko akka afaan dhalootaatti baran tokko tokkoon addaan baafamee itti hin himamu; yeroodhuma afaanicha baran san waliin barama. Asirratti, garaagarummaa 'afaan baruu' [language acquisition] fi 'afaan barachu' [language learning] akka Krashen lafa kaa'utti ilaaluun barbaachisaadha. Afaan kan 'baramu' yoomeessa uumamaa isa kan akka afaan tokkoffaa keessatti waan ta'eef 'wanti kun kana, wanti sun sana' jechuudhaan namatti himuun hinbarbaachisu (Krashen, 1972). Afaan kan 'baratamu' immoo yoomeessa idilee kan akka daree barnootaa faa'a waan ta'eef galteen afaanii barnooticha saffisiisan barbaachisa (Larsen-Freeman, 2003). Yoomeessa idilee keessatti afaan tokko akka afaan lammaffaatti barsiisuuf yookaan barachuuf shoorri seeroonni seerlugaa taphatan laayyoo miti (Swain, 2005). Akka Ellis (2006) jedhutti seerligni seeroota itti fayyadama afaan tokkoo ifa baasee dhiheessuun akka barattoonni salphatti hubatanii himoota afaanicha keessatti fudhatama qaban ijaaraniif gargaara. Savignon (2002) immoo, "seerluga malees afaan lammaffaa barachuun danda'amullee, yoomeessa akkasii keessatti saffisaan sirrummaa [accuracy] gonfachuun yeroo dheeraa namatti fudhata," jechuun ibse. Kanuma deeggaruun, DeKeyser (2003) "barnoota afaan lammaffaa keessatti seeroonni seerlugaa akka barattoonni galtee afaanii [language input] saffisaan hubatanii haasawaafi barreeffama keessatti itti fayyadaman gochuuf gargaara," jedha.

Sirrummaa [accuracy] fi fudhatamummaa [fidelity] jijjiirraa afaan tokko irraa gara afaan birootti godhamu keessatti shoorri seeroonni saeerlugaa taphatan ol'aanaadha. Jijjiirraan adeemsa jecha-jechaan bakka buusuu qofa osoo hintaane hubannaa caasaalee seerlugaa afaanoota lamaanii qabaachuu barbaachisa (Lopez, 2008). Haffariin (2018) akka jedhutti birkiilee seerlugaa kanneen akka henna, akkaataa [aspect], ta'uumsa [modality] yookaan taratiiba jechootaa beekuu dhabuun jijjiirraa afaanii keessatti ergaan geeddaramuufi hiikkaan jal'achuu fida. Meeshaaleen dijitaalaa kanneen akka Jijjiirraa Google [Google Translation], fi maashinoonni jijjiirraa afaanii hubannaa namtolchee tuuta ragaalee sirriifi kuusa seeroota seerluga afaaniirratti hundaa'uun hojii jijjiirraa gaggeessan (Lopez, 2008).

Qorannoon kun gaggeeffamuuf kan ka'uumsa ta'e barbaachisummaa seeroonni seerlugaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuu/ barsiisuu keessatti qabuufi shoora seeroonni afaanichaa jijjiirraa keessatti taphatuudha. Gara birootiin, kitaaboonni seerluga afaanichaarratti barreeffamaniifi qorannoowwan seerlugarratti hojjetaman jiraatanillee, maleenyaan isaanii afaan biroo bu'ureeffate waan ta'eef seeroonni seerluugaa Afaan Oromoo hedduun hanga ammaatti sirritti adda hin baafamin hafaniiru (Ibrahim, 2015). Seeroota seerlugaa kanneen keessaa inni tokko seeroota itti fayyadama dhamjecha mathimeessituuti. Kanaaf, qorannoon kun seeroota itti fayyadama dhamjecha matimeessituu maleenyaa xiinxala sonaawaatiin qaacceessee addaan baasee lafa kaa'uun qaawa jiru cufuurratti xiyyeeffate.

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa seeroota itti fayyadama dhamjecha matimeessituu Afaan Oromoo maleenyaa xiinxala sonaawaan qaacceessuudha. Kanaafuu, qorannoon kun kaayyoolee gooree itti aanan irratti xiyyeeffata.

- Itti fayyadama seeroota dhamjecha matimeesituu dhamsaga bu'ureeffatan [SDMDB] addaan baasuu,
- Itti fayyadama seeroota dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hundaa'an [SDMXH] addaan baasuun lafa kaa'uu, fi
- Amaloota xiinqooqaa itti fayyadama seeroota dhamjecha matimeessituu murteessan ibsuudha.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Yeroo ammaa fedhiin Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuu isa kanaan duraarra haalaan dabalaa jira (Ibrahim, 2015). Namoonni afaanicha akka afaan lammaffaatti barachuu barbaadan kunneen seeroota seerlugaa afaanichaa kanneen gadi-fageenyaan qoratamanii addaan baafaman argachuu barbaadan. Kanaafuu, bu'aan qorannoo kanaa namoota yookaan qaamoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barachuu yookaan barsiisuu barbaadaniif galtee gaarii ta'a. Kana malees, akka ragaaleen qorannoo tokko tokko argisiisutti, itti fayyadama dhamjecha matimeessituu ilaalchisee dubbattoota Afaan Oromoo gidduu garaagarummaa loqodaa bal'aatu jira. Kanaaf, bu'aan qorannoo kanaa itti fayyadama dhamjecha matimeessituu irra caalmaa loqodoota Afaan Oromootiin waan dhiheessuuf qaamoota waaltina afaanichaarratti hojjetaniif ka'uumsa ta'uun garaagarummaa loogaa jiru

walitti siiqsuuf ni tajaajila. Dabalataan, yeroo ammaa gamlatoonni dijitaalaa (digital platforms) hedduufi manaaroowwan marsariitii (internet websites) tokko tokko tajaajila Afaan Oromoo gara afaan birootti, yookaan afaan biroo gara Afaan Oromootti jijjiiruu laachaa jiran. Keessattuu yeroo afaan biroo gara Afaan Oromoo jijjiiran dogoggoroota gamlatoota (platforms), marsariitiiwwan [internets], manaaroowwan [websites], fi daalgeesoonni [applications] kunneen raawwatan keessaa itti fayyadamni seeroota dhamjecha matimeessituu isa hangafaati. Yeroo jijjiirraan afaan biroorraa gara Afaan Oromoo godhamu dhamjecha matimeessituu irraa hambisuu, unkaa dhamjecha matimeessituu kan dogoggoraa fayyadamuufi dhamjecha matimeessituu jecha sirrii hin ta'initti maxxansuun baay'inaan mul'ata. Kanaafuu, bu'aa qorannoo kanaa gamlatoota, manaaroowwan yookaan dalgeessoota sanaan walbarsiisuun akka dogoggorri akkasii maqfamu gochuuf ni gargaara. Dhumarratti, qorannoon kun laakkoofsoota qorannoowwan xiinqooqarratti godhamuu olkaasuun mandheessa [repository] qorannoowwanii ni gabbisa.

## 2. Sakatta'a Barruu

Yaaadrimeen 'dhamjechaa' yaadiddama xiinqooqaa keessatti bu'ura waan maraati, keessattuu damee qu'annaa xiinjechaafi xiinimaa keessatti. Dhamjechi akkuma waliigalaattuu akka yuunitii afaanii hiikaqabeessa hunnda caalaa xiqqaa ta'etti hubatama (Hockett, 1958). Xiinqooqa caasaa isa durii keessatti, dhamjechi akka caaccuu murteessaa qoqqoodinsa jechootaafi xiinxala caasaa seerllugaatti tajaajila (**Aronoff fi Fudeman, 2011)**. Bloomfield (1933) qu'annaa dhamjechaa idileessuuf warreen jalqaba tattaafatan keessaa isa tokko yemmuu ta'u yaada jechoonni marti qoqqoodama hiika qabeessa xixiqqaatti caccaban jedhu lafa kaa'e. Hayyuun kun xiinjecha akka qu'annaa qindaa'iinsa dhamjechootaa jechoota keessatti argamaniitti ilaalaaluun dhamjecha walabaafi dhamjecha hirkataatti jechuun bakka lamati qoqqoode. Akka **Aronoff fi Fudeman (2011) ibsanitti**, xiinjechi unkaa qofa osoo hintaane tajaajilaafi caasaa jechaatille. Hayyoonni kun "dhamjechi yeroo mara shoora lama taphata—hiika ijaaruufi hariiroo seerlugaa argisiisuu" jechuun ibsan. Shoorri lamaan kun afaanoota walitti hidhaa [aggluntinative] akka Afaan Oromoo isa haala salphaan dhajechoonni waltti dhufuun jecha uuman keessatti baay'e barbaachisaadha.

Hojiiwwan seerluga Afaan Oromoorratti hayyoota kanneen akka, Gragg (1976), Tilahun (1993), Mekuria (1995), Heine & Nurse (2000), Tamene (2006), Tura (2012), Bayu (2015) fi Dejene (2020) jedhamaniin hojjetaman keessatti dhamjechi matimeessituun kallattiinniis ta'e alkallattiin kaafamuun ibsameera. Tokkoon tokkoo hojiiwwan kanneenii dhamjecha matimeessituu karaan itti ibsan addaaddummaa qaba. Hojiiwwan kanneen keessaa Gragg

(1976) unkaan dhamjecha matimeessituu Afaan Oromoo keessatti argamu –ni, fi –n qofa akka ta'e lafa kaa'an. Qaawni gama qorannoolee kanaatiin jiru inni tokko unkaaleen dhamjecha matimeessituu kanneen akkan-ti, -i, fi –tu ibsuu dhabuudha.

Tilahun (1993) unkaaleen dhamjecha matimeessituu –n, -i, fi –tu akka ta'e lafa kaa'uun itti fayyadamni unkaalee kanneenii akka galuumsarratti hundaa'u addeesse. Heine & Nurse (2000) fi Tamene (2020) xiinjecha gochimaafi xiinimarratti xiyyeeffatan waan ta'eef karaan dhamjecha matimeessituuf xiyyeefannoon kennan baay'ee xiqqaadha. Unkaaleen dhamjecha matimeessituu hayyoota kanaan adda baafaman –ni fi –ti yemmuu ta'u haalli itti fayyadama isaanii loqodarratti hundaa'a jechuun ibsan. Guutummaa unkaalee dhamjecha matima mul'istuu – -n, -ni, -i, fi –ti lafa kaa'anillee haala itti fayyadama isaanii murteessu garuu seerluga waliigalaa akka ta'etti hubatan. Hojiiwwan akka Tura (2012) keessatti dhamjechi matimeessituun –tu jedhu akka unkaa tokkootti beekkamullee dhamjechichi hima raajeeffannoo keessatti tajaajilarra oola yaada jedhuutu lafa kaa'ame. Walumaagalatti, hojiiwwan kanaan duraa hundi unkaalee dhamjecha matimeessituu hamma tokko qofarratti daanga'uun, loqodoota Afaan Oromoo murtaa'e qofarratti xiyyeeffachuuniifi seeroota itti fayyadama dhamjecha matimeessituu dagachuun qaawa qorannoo bal'aa qaban.

## 3. Mala Qorannoo

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa iti fayyadama seeroota dhamjecha matimeessituu Afaan Oromoo qaacceessuudha. Kaayyoo kanarra ga'uuf saxaxni qorannoo [research design] filatamuun hojiirra oolfame akkamtaa yemmuu ta'u maleenyaan qorannichaa [research approach] immoo xiinxala sonaawaa [explorative analysis] kan jedhamuudha. Akka Hussein (2015) jedhutti saxaxni qorannoo akkamtaa qu'annoo xiinqooqaa kan amaloota seerlugaa kanneen kanaan dura hin qoratamin yookaan gad fageenyaan hin hubatamin sonuufi addeessu keessatti baay'ee murteessaadha. Williams (2009) maleenyaa xiinxala sonaawaa ilaalchisee akkas jechuun ibse: "This approach can be selected for its compatibility with linguistic field work traditions that prioritize the bottom-up derivation of rules from naturally occurring language data" (f. 174).

Iddattoon akaakuu lamaa jechuuniis, iddattoo jechoota Afaan Oromoofi iddattoo odeefkennitoota filatamuun kan qorannicha keessatti hojiirra oole yemmuu ta'u malli iddatteessuu jechoonni Afaan Oromoo dhibba shaniifi kudha lama [512] filatamuun qorannichaaf itti oolaniin mala iddatteessuu kaayyooti. Jechoonni kunneen gareen jechaa isaanii maqaa yemmuu ta'u kan fudhatamaniis Galmee Jechoota Afaan Oromoo Wirtuu

jedhamu irraayi. Odeefkennitoonni hayyoonni Afaan Oromoo seenduubee loqodoota garaagaraa qaban jaha filatamuun kan ittiin hirmaachifamaniin mala iddatteessuu hammargeeti. Meeshaan funaansa ragaalee qoranichaan itti dhimma ba'ame sakatta'a haasbarruu [discourse analysis] fi marii garee xiyyeeffataa [focus group discussion] yemmuu ta'u sakatta'a haasbarruutiin jechoota iddattoo ta'anirratti birkibsuun xiinqooqaa [linguistic elicitation] godhamuun seeroonni dhamjecha matimeessituu addaan baafaman. Mariin garee xiyyeeffataa immoo ragaalee sona haasbarruutiin sassaabamanii mala birkibsuu xiinqooqaatiin qoqqoodaman sun hangam akka loqodoota garagaraa keessatti akka hojjetan addaan baasuufi seeroota adda hin baafamin kanneen biroo addaan baasuuf hojiirra oola.

## 4. Qaacceessa fi Hiika Ragaalee

Afaan Oromoo tarii afaanoota biroo hedduu irraa adda kan taasisu latii yookaan dhamjecha matimeessituu qabaachuu isaati. Latiin kun kan maxxanu maqaa, ibsa xumuraa, bamaqaafi gochima akka matimaatti tajaajilan yookaan qaama matimaa ta'anirratti. Fakkeenya itti aanu (Fakkeenya-1) haa ilaalluu:

**Fakkeenya-1**

a. Boonaa**n** bosona qarqara bakkaniisa dhaabe.

b. Adii**n** halluu an hunda caalaa jaaladhuudha.

c. Waamuu**n** ulfina; hafuu**n** salphina.

d. Obboleessa kiyya**tu** seerluga afaanii na barsiise.

Fakkeenya 1a keessati jechi dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaa 'Boonaa' jedhuudha.

Fakkeenya 1b keessatti jechi akka matimaatti tajaajileefi dhamjecha matimeessituu latoomfate maqibsii 'adii' jedhuudha. Fakkeenya 1c keessatti jechoonni akka matimaatti tajaajilaniifi latii matima mul'iftuu maxxanfatan gochimoota 'waamuu' fi 'hafuu' jedhaniidha. Fakkeenya 1d keessatti immo jechi qaama matimaa ta'eefi dhamjecha matimeessituu latoomfate bamaqaa 'kiyya' jedhuudha. Walumaa galatti, Afaan Oromoo keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatu maqaa, maqibsii, bamaqaafi gochima akka matimaatti tajaajilan yookaan qaama matimaa ta'an akka ta'e hubanna.

Afaan Oromoo keessatti latiin matimeessituun unkalee garagaraatiin mul'atti. Unkaalee latiin (dhamjechi) matima mul'iftuun Afaan Oromoo keessatti ittiin mul'attuun fakkeenya itti aanu (Fakkeenya-2) jalatti haa ilaalluu:

**Fakkeenya—2**

a. Beekaa**n** dhugaa Waaqa qofa.

b. Caalaa**tu** qotiyyoo kana kaleessa bite.

c. Bif**ti** qotiyyoo kanaa baay'ee namatti tola.

d. Beekkooms**i** xiqqaan dogoggorarra nama buusa.

e. Haat**i** hamtuu hin qabdu; hamtuun haadhaa daangaa hin qabdu.

f. Barnoon**ni** seerluga Afaan Oromoo gadi fageenyaan kennamuu qaba.

Akka fakkeenya—2 irraa hubannutti unkaaleen dhamjechi matimeessituun Afaan Oromoo mul'ataniin '-i', '-n', '-ni', '-ti' fi '-tu' dha. Addatti immoo, Fakkeennya—2e irraa kan hubannu yeroo jechi tokko dhamjecha matimeessituu maxxaanfatu sagaleen firoomtu akka jirtuudha. Walumaagalatti, unkaaleen dhamjechi matimeessituu Afaan Oromoo keessatti itti mul'atu shan yemmuu ta'u unkaaleen kunneen akkuma argan kan jecha matima ta'etti kan maxxanan osoo hin taane seera of danda'e qaba. Seeroonni kuniis gabaabbachuu yookiin dheerachuu sagalee dubbachiiftuu dhumaa, jabaachuu yookiin laaffachuu sagalee dubbifamaa dhumaa, sagalee dubbifamaa dhumaa dura sagaleen irrabutaa jiraachuu yookiin dhiisuu, birsaga qeenfamuu fi gosa sagalee dubbifamaa dhumaati. Seeroota itti fayyadama unkaalee dhamjecha matimeessituu Afaan Oromootti kanatti osoo hin ceene, jalqabarratti amaloota maqaalee Afaan Oromoo haa ilaalluu.

### 4.1.Akkaataa Maqaaleen Afaan Oromoo itti Xumuraman

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni ijoon seeroota itti fayyadama dhamjecha matima mul'iftuu Afaan Oromoo addaan baasuun lafa kaa'uudha. Seeroonni itti fayyadama dhamjecha matimeessituu waan sagalee dubbii xumura jechaarratti argamturratti hundaa'uuf akaakuu maqaalee Afaan Oromoo akkaataa sagalee xumuraa isaaniirratti hundaa'uun qoqqoonnee haa ilaalluu.

Akka xiinxala sonaawaa maqaalee iddottoo qorannichaa ta'an kanneen dhibba shan caalanirratti godhameen bira gahametti, irra caalaan maqaalee Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu dheertuu /aa/, /ee/, /ii/, /oo/ fi /uu/ jedhaniin xumuraman. Gabateen itti aanu (Gabatee—1) maqaalee Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu dheertuun xummuraman argisiisa.

**Gabatee 1: Maqaalee Dubbachiiftuu Dheeraan Xumuraman**

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Garaa | Garee | Raajii | Nagoo | Haaduu |
| Coraa | Harmee | Baajii | Naannoo | Aduu |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Dhugaa | Hamilee | Mormii | Qorannoo | Baaduu |
| Beekaa | Moosinee | Lammii | Farroo | Hattuu |
| Baarkaa | Mancee | Birkii | Raammoo | Caaltuu |
| Maqaa | Quncee | Doobbii | Hummoo | Jajjuu |

Akka Gabatee—1 irraa hubachuun danda'amutti maqaaleen Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu /aa/, /ee/, /ii/, /oo/ fi /uu/ dheertuun xumuraman hedduudha. Maqaaleen kunneen gosoota maqaa—maqaa dhunfaa, maqaa gamtaa, maqaa dimshaashaa, fi kkf hundumaa kanneen ofkeessatti hammataniidha.

Akkaataa sagalee xumuraa isaaniirratti hundaa'uun akaakuun maqaa Afaan Oromoo inni biroo kanneen sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramaniidha. Maqaaleen akkanaa Afaan Oromoo keessatti baay'inaan kan argaman ta'ullee akka kan warreen sagalee dubbachiiftuu dheertuun xumuramaniitti hin baay'atan. Maqaaleen Afaan Oromoo dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman gabatee itti aanu (Gabatee—2) keessatti kennamaniiru.

**Gabatee 2: Maqaalee Dubbachiiftuu /a/ Gabaabduun Xumuraman**

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Rooba | Gooba | Boca | Waca | Haada | Raada | Laga | Marga |
| Baha | Dhaha | Girja | Ija | Bakka | Harka | Qola | Gola |
| Nama | Qaama | Faana | Hanna | Teepha | Tapha | Raqa | Haqa |
| Aara | Qorra | Qeensa | Rifeensa | Qaawa | Laawa | Faaya | Qayya |
| Kubdha | Haadha | Naacha | Raacha | Jireenya | Jabeenya | Bashaasha | Dimshaasha |

Akka Gabatee—2 irraa hubannutti, maqaaleen Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman irra caalatti kanneen akaakuu maqaa gamtaa [common noun] fi maqaa dhoksaa [abstract noun] jalatti ramadamaniidha.

Maqaaleen Afaan Oromoo tokko tokko sagalee dubbifamaatiin xumuraman. Maqaalee Afaan Oromoo sagalee dubbifamaatiin xumuraman akka itti aanutti Gabatee—3 irraa haa ilaalluu:

**Gabatee 3: Maqaalee Sagalee Dubbifamaan Xumuraman**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Afaan | Bishaan | Midhaan | Funyaan | Fincaan | Mar'imaan |
| Siifan | Firaa'ol | Naafileet | Feeneet | Mooneet | Heeraan |

Akka Gabatee—3 irraa hubachuun daanda'amutti, maqaalleen Afaan Oromoo sagalee dubbifamaatiin xumuraman akaakuu maqaa dhunfaa [proper noun] fi maqaa gamtaa [common noun] jalatti waarreen ramadamanidha. Sagaleen dubbifamaa maqaaleen kunneen baay'inaan xumuramaniiniis /n/dha. Ta'uus, kanneen sagalee dubbifamaa birootiin xumuramaniis ni jiran.

Xiinxala sonaawaa qorannichaan godhameen akka hubatametti maqaalee Afaan Oromoo gariin sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun xumuraman. Gabatee—4 jalatti maqaalee Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun xumuraman ilaalla.

**Gabatee 4: Maqaalee Sagalee Dubbachiiftuu /o/ Gabaabduun Xumuraman**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Galgalo | Bariiso | Nageesso | Calanqo | Dabbaso | Huurso |
| Faayo | Tibbeesso | Ambo | Araarso | Badhaaso | Qeerreenso |

Akka gabatee 4 irraa hubannutti maqaaleen Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun xumuramuu danda'a. Akka gabatichi argisiisutti, maqaaleen Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun xumuraman kunneen irra caalatti akaakuu maqaa dhunfaa jalatti kan ramadamaniidha. Akkasumaas, marti isaanii amala maqichaan ibsame calaqisiisan.

Akka qorannoo kanaan bira gahametti, maqaaleen Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu /e/, /i/ fi /u/ gabaabduun xumuraman hin jiran jechuun ni danda'ama. Iddattoowwan qorannoo kanaa kan ta'an maqaalee gara dhibba shaniifi kudha lamaa kanneen Galmee Jechootaa Wirtuurraa fudhataman keessaa maqaalee sagalee dubbachiiftuu /e/, /i/ fi /u/ gabaabduun xumuraman tokkollleen hin argamne. Kanaafuu, maqaaleen Afaan Oromoo sagaleewwan dubbachiiftuu /e/, /i/ fi /u/ gabaabduun hin xumuraman jennee murteessuu dandeenya.

### 4.2.Seeroota Itti Fayyadama Dhamjecha Matimeessituu

Akka fakkeenya—2 jalatti, armaan olitti ilaalletti, Afaan Oromoo keessatti dhamjechi matimeessituun unkaalee shaniin— -n, -ni, -ti, -i fi –tu jedhaniin mul'achuu danda'a. Unkaaleen dhamjecha matimeessituu kunneen akkuma argan maqaa yookiin jecha arganitti maxxanuun kan matimeessan osoo hin ta'in itti fayyadamni isaanii seeroota of danda'e akka qabu hubatameera. Seeroonni kuniis bakka lamatti qoodaman. Isaaniis, Seeroota Dhamjecha Matimeessituu Dhamsaga Bu'ureeffatan (SDMDB) fi Seeroota Dhamjecha Matimeessituu Xiinimarratti Hundaa'an (SDMXH) jedhamuun ibsamuu danda'an. Seeroota kanneen tokko tokkoon itti aansinee haa ilaalluu:

#### 4.2.1. Seeroota Dhamjechaa Matimeessituu Dhamsaga Bu'ureeffatan (SDMDB)

Seeroota Dhamjecha Matimeessituu Dhamsaga Bu'ureeffatan [SDMDB] jechuun seeroota unkaalee dhamjecha matimeessituu –n, -ni, -ti, -i fi –tu jedhan keessaa kamiin akka akaakuu sagalee dubbii kam wajjiin akka fayyamnu murteessan jechuudha. Seeroota kanneen akka itti aanutti haa ilaalluu:

**SEERA 1**: Maqaaleen yookiin jechoonni Afaan Oromoo *sagalee dubbachiiftuu dheertuun (/aa/, /ee/, /ii/, / oo/ fi /uu/ )* xumuraman, dhamjecha matimeessituu **–n** fudhachuun akka matimaatti tajaajilan. Yaada kana fakkeenya itti aanu (Fakkeenya—3) irraa haa ilaalluu:

**Fakkeenya-3**

a. Caalaa**n** ilma wassiila kiyyaati.
b. Qoree**n** daa'imummaa kiyyatti miila na waraante ammallee na keessa jirti.
c. Fedhii**n** foonii cimaan cubbuurra nama buusa.
d. Gooroo**n** tun ganda keenyaafi ganda ollaa keenyaa addaan baasti.
e. Haaduu**n** doomtuun rifeensa hin haaddu.

Fakkeenya 3a keessatti maqaan 'Caalaa' jedhu dubbachiiftuu /aa/ dheertuun, 3b keessatti jechi 'qoree' jedhu dubbachiiftuu /ee/ dheertuun, 3c keessatti jechi 'fedhii' jedhu dubbachiiftuu /ii/ dheertuun, 3d keessatti jechi 'gooroo' jedhu dubbachiiftuu /oo/ dheertuun, akkasumaas 3e keessatti maqaan 'haaduu' jedhu dubbachiiftuu /uu/ dheertuun waan xumuramuuf dhamjecha matimeessituu –n fudhachuun akka matimaatti tajaajilan. Yaanni kitaabban seerlugaafi qorannoo tokko tokko keessa jiruus seera kana ni mirkaneessa. Kana malees, seera kana ilaalchisee garaagarummaan loqodaa tokkoleen hin jiru (Marii Garee Xiyyeeffataa, 2021).

**SEERA 2**: Jechoonni yookaan maqaaleen Afaan Oromoo *sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramaniifi sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii jabaa* ta'e; kanneen *sagalee dubbifamaa dhumaa dursee sagalee irra butaa qaban*; akkasumaas, warreen *sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /ch/ fi /ny/* ta'e dhamjecha mathimeessituu **–i** fudhachuun akka mathimaatti tajaajilan. Fakkeenyi—4 yaada kana argisiisa.

**Fakkeenya-4**

a. Jibb**i** walqoqqooddaa hawaasa keessatti uuma.
b. Karr**i** mooraa keenyaa bal'aadha.
c. Hark**i** tokko kophaa hin shubbisu.
d. Mirg**i** keenya haaluma kamiinuu sarbamuu hinqabaatu.
e. Naach**i** ilkaan isaatiin takka si qabnaan jalaa bahuu hindandeesu.
f. Shanach**i** nama nyanyaachuun milkii gaaariitti ilaalama.
g. Jireeny**i** keenya daangaa qaba; daangaa san darbuu hindandeenyu.
h. Hammeeny**i** alagaa hoonga hin qabu.

Fakkeenya 4a fi 4b keessatti jechoonni walduraa duubaan 'jibba' fi 'karra' jedhan waan /a/ gabaabduun xumuramaniifi dubbifamaan dhumaa isaanii jabaa ta'eef dhamjecha –i maxxanfachuun matimoomfaman. Haaluma walfakkaatuun, fakkeenya 4c fi 4d keessatti jechoonni walduraa duubaan 'harka' fi 'mirga' jedhan /a/ gabaabduun waan xumuramaniifi dubbifamaa dhumaa dursee sagalee irrabutaa waan qabaniif dhamjecha –i latoomffachuun akka matimaatti tajaajilan. Kana malees, fakkeenya 4e fi 4f keessatti jechoonni walduraa duubaan 'naacha' fi 'shanacha' jedhan waan dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramaniifi dubbifamaan dhumaa isaanii /ch/ ta'eef dhamjecha matimeessituu –i fudhatanii matimoomfaman. Fakkeenya 4g fi 4h keessatti jechoonni walduraa duubaan 'jireenya' fi 'hammeenya' jedhan waan dubbachiiftuun dhumaa isaanii /a/ gabaabduu ta'eefi dubbifamaan dhumaa isaanii /ny/ ta'eef latii matimeessituu –i fudhatanii matima ta'an. Sagaleewwan dubbifamaa /ch/ fi /ny/n dubbachiiftuu dursanii dhumarratti dhufan yeroo mara ni jabaatan. Akkasumaas dubbifamaan dubbachiiftuu dhumaa dursuufi irrabutaatti aanuun dhuma jechaarratti dhufu kaniyyuu yeroo dubbatamu afaanitti ni jabaata. Kanaafuu, seerri 2 walumaagalatti sagaleen dubbachiiftuu maayyii /a/ gabaabaa ta'uufi dubbachiiftuu /a/ dursee dubbifamaan dhumarratti dhufu jabaachuu irratti hundaa'a. Seera itti fayyadama dhamjechaa matimeessituu kana yaanni qorannoo yookiin kitaaba biroo kan deeggaru jiraachuu baatullee marii garee gaggeeffameens akka hubatametti itti fayyadama isaarratti garaagarummaan loqodaa tokkolleen hin jiru.

**SEERA 3**: Afaan Oromoo keessatti, maqaaleen yookaan jechoonni *sagaleen dibbifamaa dhumaa isaanii /b, /c/, /g/, /k/, /m/, /ph/, /q/, /s/, /sh/, /w/ fi /y/ laafaa* ta'eefi *sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman* sagalee /a/ xumuraa san gatuudhaan dhamjecha **-ni** yookiin **–i** jedhu maxxanfatanii akka mathimaatti tajaajilan. Fakkeenya—5 jalatti seera kana haa ilaalluu:

**Fakkeenya-5**

a. Lub**ni** (Lub**i**) ayyaanicharratti argamuun haasawa godhe.
b. Wac**ni** (Wac**i**) daa'immanii qalbiin kitaaba dubbisuu namatti hindhiisu.
c. Lag**ni** (Lag**i**) Hawaash laggeen hunda caalaa misoomaaf oola.
d. Muk**ni** (Muk**i**) jiidhaan elektiriika waan dabaarsuuf ofeeggannoo cimaa godhi.
e. Nam**ni** (Nam**i**) jireenya isaa keessatti bu'aa tokko buusee hin darbine ba'aa addunyaati.
f. Taph**ni** (Taph**i**) kubbaa miilaa tapha addunyaarratti baay'ee jaalatamaa ta'eedha.
g. Haq**ni (**Haq**i)** ni qal'ata malee hin citu.
h. Basaas**ni** (Basaas**i**) dur jibbamullee amma akka hojjetaa nageenyaatti ilaalama.
i. Diimshaash**ni** (Dimshaash**i**) baasii har'aa kuma soddoma ta'a.
j. Qaaw**ni** (Qaaw**i**) gargar ba'iinsa keenyaan banamu gunkumaa cufamuu hindanda'u.
k. Walday**ni** Misooma Oromiyaa hojiiwwan misoomaa hedduu dalage.

Fakkeenya-5 irraa akka hubannutti, jechoonni sagalee dubbifamaa /b, /c/, /g/, /k/, /m/, /ph/, /q/, /s/, /sh/, /w/ fi /y/ laafaa ta'e qabaniifi sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman, dubbachiiftuu maayyii /a/ gatuun dhamjecha –ni yookaan –i jedhu fudhatanii matima ta'an. Seera kana qorannooleen kanaan dura hojjetamaniifi kitaabban seerlugaa kana dura maxxanfaman adda baasanii hinkeenye. Marii garee godhameefi sakatta'a haasbarruu taasifameen irra caalaan loqoda Afaan Oromoo seera kanarratti kan hundaa'uun dhamjecha –ni kan fayyadaman ta'uun mirkaneeffamullee garaagarummaan loqodaa naannoo akka jiru bira gahameera. Loqoda tokko tokko keessatti sagalee dubbachiiftuu /a/ maayyii gatuun jechoota kanneen salphumatti dhamjecha –i itti dabalantu jira. Kana malees, jechoota tokko tokko kan seera kana hin hordofnee jira. Fakkeenyaaf, jechi 'duluma' jedhu sagaleen dubbifamaa dhumaa isaa /m/ laafaa ta'ee dubbachiiftuu /a/ gabaabduu xumuramullee, yeroo akka matimaatti tajaajilu 'dullumti' isa jedhu ta'a. Kanaafuu, jechoonni seera kana hin hordofne kan biroolleen jiraachuu danda'a.

**SEERA 4**: Maqaaleen yookaan jechoonni Afaan Oromoo *sagalee dubbifamaa dhumaa /r/, /l/, /j/ fi /n/ laafaa ta'e qabaniifi sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman* sagaleen dubbifamaa dhumaa dachoomee yookaan jabaatee, dubbachiiftuu /a/ xumuraa san gatuudhaan **dhamjecha –i** fudhachuun mathimaa'an. Fakkeenyi—6 kanaa gaditti laatame waa'ee seera kanaa addeessa.

**Fakkeenya-6**

a. Jar**ri** diina keenyaa guddina afaan kanaa hinbarbaadan.
b. Toor**ri** bilbila keenyaa yeroo mara maammiltootaaf banaadha.
c. Jaal**li** qabsoo obboleessa wajjiin dhalatan caalaa namatti siqa.
d. Gaal**li** hiriira duraa ilaallata.
e. Ij**ji** baddu qaaw**ni** (qaaw**i**) ijaa hin badu.
f. Man**ni** Obbo Tulluu gaara sana gubbaadha.

Fakkeenyi—6a fi 6b keessatti maqaaleen walduraaduubaan 'jara' fi 'toora' jedhan waan sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /r/ laafaa ta'eef, akkasumaas dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramaniif yeroo matima ta'an dubbifamaan dhumaa /r/n jabaatee dhamjechi –i itti dabalame. Haaluma walfakkaatuun, fakkeenya—6c fi 6d keessatti jechoonni walduraaduubaan 'jaala' fi 'gaala' jedhan dubbifamaan dhumaa isaanii waan /l/ laafaa ta'eefi dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramaniif yeroo matima ta'an dubbifamaan dhumaa /l/n jabaatee dhamjecha matimeessituu –i fudhatan. Maqaaleen 'ija' jedhu inni fakkeenya—6e irratti argamu sagaleen dubbifamaa dhumaa isaa /j/ laafaa waan ta'eef, akkasumaas dubbachiiftuu /a/ gabaabduun goolabamuuf yeroo matima ta'u sagaleen /j/ jabaatee dhamjechi matimeessituu –i maxxanfate. Haaluma kanaan jechi 'mana' jedhu inni fakkeenya—6f irratti argamu waan dubbifamaan maayyii isaa /n/ laafaa ta'eefi dubbachiiftuu dhumaa isaa /a/ gabaabduu ta'eef yeroo akka matimaatti tajaajilu /n/n jabaatee dhamjechi matimeessituun –i itti dabalame. Walumaagalatti, argannoowwan qorannoo kana dura seera kana mirkaneessu jiraachuu baatullee akka marii garee godhameen mirkaneeffametti –ri, -li fi -ji dhanjechoonni jedhan firjecha [allomorpheme] dhamjecha –ni jedhuuti. Ta'uus, karaan salphaan seerri kun itti ibsamu isa kanaan olitti lafa kaa'ameedha. Itti fayyadama seera kanaa ilaalchisee garaagarummaan tokkolleen loqodoota Afaan Oromoo gidduu hin jiru. Haa ta'uu malee, jechoonni tokko tokko kan seera kanaa hin hogganamne ni jiran. Fakkeenyaaf, jechi 'bosona' jedhu sagalee dubbifamaa dhumaa /n/ laafaa qabaatee sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramullee yeroo matimoomfamu 'bosonti' jechuun yeroo hedduu 'bosonni' jechuurra hojiirra oola.

**SEERA 5**: Maqaaleen yookaan jechoonni Afaan Oromoo *sagalee dubbifamaa dhumaa /d/, /t/, fi /x/ laafaa ta'e qaban*, kanneen *dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman*, sagaleen dubbifamaa dhumaa (/d/, /t/ fi /x/) gara sagalee /n/ jijjiiramuun yokaan firoomuun dhamjecha mathimeessituu **–ni** maxxanfachuun akka matimaatti tajaajilan. Yaada kana caalatti fakkeenya itti aanu (Fakkeenya—7) irraa haa ilaalluu:

**Fakkeenya—7**

a. Haan**ni** laafaan qotiyyoo kana hin hidhu.

b. Akka madaa qubaa, yaan**ni** garaa guba.

c. Firinxiin**ni** akkanaa kun rakkoorra si buusa.

d. Nyaan**ni** madaalawaan guddinaafi fayyaa daaimaaf barbaachisaadha.

e. Furmaan**ni** rakkoo keenyaa tokkummaa cimsannee fuulduratti deemuudha.

Fakkeenya—7a fi 7b keessatti jechi 'haada' jedhuufi jechi 'yaada' jedhu dubbachiiftuu /a/ gabaabduun waan xumuramniifi dubbifamaan dhumaa isaanii /d/ laafaa ta'eef akka matimaatti tajaajiluuf yeroo dhamjecha matimeessituun –ni itti dabalamu sagaleen /d/ gara sagalee /n/ itti firoomte. Fakkeenya—7c keessatti jechi 'firinxiixa' jedhu waan dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramuuf, akkasumaas sagaleen dubbifamaa dhumaa waan /x/ laafaa ta'eef yeroo akka matimaatti tajaajilu sagaleen /x/ gara sagalee /n/itti firoomuun dhamjecha –ni fudhate. Fakkeenya—7d fi 7e keessatti jechoonni walduraaduubaan 'nyaata' fi 'furmaata' jedhan waan sagaleen dubbachiiftuu dhumaa /a/ gabaabduu, akkasumaas dubbifamaan dhumaa /t/ laafaa ta'eef unkaa matimummaa horachuuf sagaleen /t/ gara sagalee /n/ jijjiiramtee dhamjechi –ni jedhu itti dabalame. Seera dhamjecha matimeessituu isa kana ilaalchisee garaagarummaan loqoda naannoo jiraachuu baatullee garaagarummaa akkaataa dubbii namootaa (idiolect) ni jira. Kuniis jechoota dubbifamaan dhumaa isaanii /d/, /x/, fi /t/ laafaa ta'e kanneen /a/ gabaabduun xumuraman dubbachiiftuu /a/ kaasuun dhamjecha matimeessituu –ni itti dabaluudha. Haa ta'uu malee, yeroo sagaleewwan kunneeniifi sagaleen /n/ dhamjechicharratti argamtu walmaddii dhufan, sagaleewwan kunneen uumamaan gara sagalee /n/ itti firooman. Kun shoora firsagni [allophone] yookiin firjechi [allomorpheme] taphatu ta'ullee karaan filatamaan itti fayyadamni isaa ittiin ibsamu isuma seera 5 irratti lafa kaa'ameedha.

**SEERA 6**: Maqaaleen yookaan jechoonni Afaan Oromoo *sagalee dubbifamaa dhumaa /'/ (hudhaa) fi /dh/ laafaa ta'e qabaniifi kanneen sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduu ta'een xumuraman,* sagaleewwan dubbifamaa (/'/ fi /dh/) fi dubbachiiftuu /a/ irraa ka'uun

dhamjecha mathimeessituu **–ti** ykn **–ni** itti dabalamuun akka matimaatti tajaajilan. Haalli itti fayyadama dhamjechoota –ti fi –ni kuniis seera biraa qaba—inniis harkifamuu (qeenfamuu) birsaga jalqabaa yookaan dhumaati. Yoo birsagni duraa qeenfame [stressed ta'e] (fakkeenyaaf FUUdha, SA'a, JI'a fi kkf) ta'e, sagaleen dubbifamaa /dh/ yookaan /'/ (hudhaa) gara sagalee /n/ irraa ka'uun dhamjecha matimeessituu **–ni** jedhu fudhatanii akka matimaatti tajaajilan. Yoo birsagni boodaa qeenfame [stressed ta'e] (fakkeenyaaf 'haaDHA', 'du'A' fi kkf ta'e), sagaleen dubbifamaa dhumaa /dh/ yookaan /'/ (hudhaa) irraa ka'uun dubbachiiftuun sagaleewwan dubbifamaa kanneen dursu gabaabduu taate dheerattee dhamjecha matimeessituu **–ti** jechu itti dabalama. Yaada kana fakkeenya itti aanurraa haa ilaalluu:

**Fakkeenya—8**

a. Fuu**ni** ijoollummaa osoo umriin hin ga'in nama dulloomsa.
b. Mii**ni** mana keenyaa waan xuraa'eef baafnee dhiquu qabna.
c. Saa**ni** waatii dhale san hoosisuu waan dideef maal godhuu wayya?
d. Jii**ni** sadii darbeera erga anaafi ati walargine.
e. Haa**ti** manaa koo hojii dhunfaa isii hojjetti.
f. Duu**ti** weerrara busaan dhufu too'atamu danda'a.

Fakkeenya—8a keessatti ajechi 'FUUdha' jaedhu waan birsagni jalqabaa qeenfamuuf yeroo akka matimaatti tajaajilu sagaleen dubbifamaa dhumaa /dh/n haqamee dhamjechi –ni jedhu itti dabalame. Fakkeenya—8b, 8c fi 8d keessattiis jechoonni walduraaduubaan 'MI'a', 'SA'a', fi 'JI'a' jedhan waan birsagni jalqabaa isaanii qeenfamuuf [stress ta'uuf] matimoomfamuuf sagaleen dubbachiiftuu dubbifamaa dhumaa duurse dheeratee dubbifaamaan dhumaa haqamuun dhamjechi mateessituun –ni jedhu itti dabalame. Fakkeenya—8e fi 8f keessatti immoo jechoonni yookaan maqaaleen 'haaDHA' fi 'du'A' jedhan birsagni isaanii kan boodaa waan qeenfamuuf kan sagaleen dubbachiiftuu dubbifamaa dhumaa dursitu dheerattee, dubbifamaan dhumaa haqamuun dhamjechi matimeessituun –ti jedhu itti dabalame. Kun argannoo qorannoo kana qofaa waan ta'eef yaanni qorannoowwan biroo kan kana deeggaru argachuu hin dandeenye. Haa ta'uu malee, seerri kun akka loqodoota Afaan Oromoo hunda keessatti hijjetu marii gareetiin bira hubatameera. Haa ta'uu malee, jechoonni tokko tokko kan seera kana hin hordofne ni jiran. Fakkeenyaaf, jechi 'ho'a' jedhu yeroo matima ta'u 'hoo'i' isa jedhu ta'a.

**SEERA 7**: Maqaaleen yookaan jechoonni Afaan Oromoo *sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /f/ laafaa* ta'e kanneen *dubachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman*, dubbachiiftuun /a/

erga irraa ka'een booda dhamjecha mathimeessituu **–ti** ykn **-ni** maxxanfachuun akka mathimaatti tajaajilan. Yaada kana Fakkeenya—9 itti aanurraa haa ilaalluu:

**Fakkeenya—9**

a. Bof**ni** (Bof**ti**) yoo nama idde summiin isaa nama galaafata.
b. Laf**ti** (Laf**ni**) keenya lafee keenya dhaadannoon jedhu na gammachiisa.
c. Horof**ni** (Horof**ti**) bacaqii gannaa manaa bahuu nu dhoowwe.
d. Borof**ni** (Borof**ti**) bosona kanaa sangaa abbaan sirritti nyaachise fakkaata.
e. Faf**ni** (Faf**ti**) keenya guddaan afaan keenya kan aslummaa isaa gad hin dhiisin yoo dhaloota dhaalchisuu dadhabneedha.

Fakkeenya—9 jalatti himoonni kennaman matima 'bofa' (fakkeenya—9a), 'lafa' (fakkeenya—9b), 'horofa' (fakkeenya—9c), 'borofa' (fakkeenya—9d), fi 'fafa' (fakkeenya—9e) jedhu qaban. Jechoonni kunneen marti isaanii sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman. Kana malees, sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /f/ laafaadha. Kanaafuu, yeroo akka matimaatti tajaajilan dubbachiftuu xumuraa gatuun dhamjecha matimeessituu –ni yookaan –ti maxxanfatan. Qorannoowwan kana duraa kanarratti waan jedhan qabaachuu baatanillee marii garee gaggeeffameen akka hubatametti garaagarummaan loqodaa ni jira. Loqoda Afaan Oromoo tokko tokko keessatti unkaalee dhamjecha matimeessituu lachanuu walfaana fayyadamu. Fakkeenyaaf 'bofa' kan jedhuun 'bofni' jechuun, 'lafa' kan jedhuun immoo 'lafti' jechuudhaan matimeessan. Loqodoota tokko tokko keessatti gutumattuu dhamjecha –ni jedhu qofa fayyadaman. Kan garii keessatti immoo gututtuu dhamjecha –ti jedhu qofa gargaaraman.

**SEERA 8**: Maqaaleen yookiin jechoonni Afaan Oromoo kanneen *sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun xumuraman* akkasumaas, kanneen *sagalee dubbifamaatiin xumuraman* martinuu osoo dhamjecha mathimeessituu hin fudhatin yookaan dhamjecha mathimeessituu duwwaa (zero morpheme) fudhachuun akka mathimaatti tajaajilarra oolan. Yaada seera kanaa caalatti hubachuuf fakkeenya itti aanu (Fakkeenya—10) jalatti haa ilaalluu:

**Fakkeenya—10**

a. Funyaan kiyya foolii suufuu na dadhabeera.
b. Siifan kaleessa dhufte manaa si dhabnaan calliftee deebite.
c. Mar'imaan soorata bulleessuufii xuuxuuf gargaara.
d. Firaa'ol barnoota Falaasamaa barachuudhaan hayyuu siyaasaa cimaa ta'eera.
e. Calanqo lafa seena qabeessa abbootiin keenya gootummaa isaanii itti argisiisani.

f. Bariis<u>o</u> Baaletti dhalatee Booranaatti guddatee Harargeetti bultii ijaare.
g. Daddaf<u>o</u> danbalii yaadaatiin liqimfamee daandii gubbaa adeema.
h. Huurs<u>o</u> iddoo leenjii waraanaa biyyattii keessatti humna waraanaa oomishuun beekkamtu.

Fakkeenya—10a hanga 10d itti himoota kennaman keessatti matimni 'funyaan', 'Siifan', 'mar'imaan', fi 'Firaa'ol' kan jedhaniidha. Jechoonni kunneen dubbifamaan waan xumuramaniif dhamjecha duwwaadhaan matimoomfaman. Haaluma walfakkaatuun, himoota fakkeenya—10e hanga 10h jiran keessatti jechoonni matima ta'an 'Calanqo', 'Bariiso', Daddafo' fi 'Huurso' kan jedhan yemmuu ta'an marti isaanii sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun goolabaman waan ta'eef dhamjecha humaayyuu osoo hinfudhatin akka matimaatti tajaajilan. Yaanni seera kana deeggaru hojiiwwan qorannoo kanaan duraa keessattillee ni argama. Fakkeenyaaf Keith & Sarah (2009) jechoonni Afaan Oromoo dubbifamaan xumuraman dhamjecha matimeessituu hin fudhatan jechuun ibsan. Wirtu (1996) gama biraatiin jechoonni sagalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun dhuman maxxantuu matima mul'iftu osoo hinfudhatin matima ta'an jechuun lafa kaa'a. Marii gareetiiniis itti fayyadama seera kanaa ilaalchisee garaagarummaan loqodaa akka hin jirreetu hubatame. Ta'uus namoonni dubbachiiftuu /o/ maayyii dheereessuun dhamjecha –n itti dabalab ni jiran, keessattuu yoomeessa alidilee keessattiifi namoota Afaan Oromoo sirritti hin beekne biratti.

**SEERA 9**: Maqaaleen yookaan jechoonni *sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /h/* ta'eefi *dubbachiiftuu /a/ gabaabaan xumuraman* haala gara garaatiin matimoomfaman yookaan dhamjecha matimeessituu fudhatan. Mee fakkeenya—11 jalatti kennameefi ibsa itti aanee kenname haa ilaalluu:

**Fakkeenya—11**

a. Baha/ Baa<u>**ni**</u>/ Baati kallattiin aduun baatuun qofa osoo hin taane jihaa biyyi keenya itti argamtu.
b. Dhaha/ Dhaa**ni**/ Dhaati lakkoofsa guyyaa, jia'aafi waggaa ummatoota heedduun hordofamuudha.

Itti fayyadamni seera 9 irratti ibsame ilaalchisee ragaaleen haasbarruu argaman gahaa hin turre. Sababiin isaas ragaan haasaafi barreeffamaa isa jechoonni iddattoo qorannichaa ta'an akka matimaatti keessatti hojiirra oolan hin argamne. Qoratichiis muuxannoo afaanicha akka afaan dhalootaatti dubbachuu qabuun haala jechoonni sun itti matimoomfaman kanaan dura

isa qunnnamee hin beeku. Ta'uus marii garee godhameen akka jechoonni (maqaaleen) dubbifamaan dhumaa isaanii /h/ ta'eefi dubbachiiftuu /a/ gabaabduun dhumuraman haala sadiin akka matimoomfamuu danda'an irratti walii galameera. Inni jalqabaa, jechoonni akkasii akkuma jirutti osoo dahamjecha hin maxxanfanne matimoomuudha. Inni lammataa immoo, dubbachiiftuun dubbifamaa dhumaa dursu dheerachuun dubbifamaan dhumaa dhabamee / haqamee dhamjecha –ni jedhu maxxanfachuudha. Inni maayyii, dubbachiiftuun dubbifamaa dhumaa durse dheerachuun dubbifamaan dhumaa badee dhamjechi matimeessaan –ti jedhu itti dabalamuudha. Qoratichi yaada kana qorannoo egereetiif banaa dhiiseera.

**4.2.2. Seeroota Dhamjechaa Matimeessituu Xiinhimarratti Hundaa'an (SDMXH)**

Afaan Oromoo keessatti, akkuma seeroota itti fayyadama dhamjecha matimeessituu dhamsaga bu'ureeffatanitti seeroonni itti fayyadama dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hunda'aniis seerluga keessatti bakka guddaa qabaan. Seeroonni dhamjecha matimeessituu dhamsaga bu'ureeffatan (SDMDB) unkaa dhamjechaa kamtu dhamsa kam wajjiin hojiirra oola isa jedhu addaan baasuurratti yemmuu fuulleeffatu seeroonni dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hundaa'an immoo hima keessatti jechi yookaan jechoonni dhamjechicha maxxanfatu yookiin maxxanfatan kami isa jedhu addaan baasuurratti xiyyeeffata. Seeroota kanneen hojiiwwan qorannoo kanaan duraa tokkoyyu kan hin ibsin yemmuu ta'u qaacceessa yaadoota marii garee godhameen kanarratti garaagarummaan loqodaa tokkolleen akka hin jirre bira gahameera. Seeroota dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hundaa'an (SDMXH) kanatti aansuun haa ilaalluu.

**SEERA 10:** Maqaaleen, jechoonni gaafii yookaan gaaleewwan akka matima namoomalaa [impersonal subject] ta'anii tajaajilan dhamjecha matimeessituu –'tu' jedhu fudhachuudhaan matima hima Afaan Oromoo ta'an. Dhanjechi matima mul'isu kun yoo matimichi jecha tokko qofa ta'e jechichatti maxxana. Yoo matimichi jecha tokkoo ol ta'e immoo jecha isa maayyiitti maxxana. Fakkeenya itti aanee jiru (Fakkeenya—12) haa ilaalluu:

**Fakkeenya—12**

a. <u>Obboleessaa**tu**</u> amala kana ishee barsiise.

b. <u>Namaa**tu**</u> waaniin ani ta'e na beeka.

c. <u>Kam**tu**</u> kitaaba kan keeti, kana moo sani?

d. <u>Eenyuu**tu**</u> waan akkanaa dubbate?

e. <u>Maal**tu**</u> halkan kanaan manaa si baasee ala si teessise.

f. <u>Obboleettii isaa**tu**</u> Ganamoofi Bilisee walbarsiise.
g. <u>Obboleessa kiyya kan hangafaa**tu**</u> kitaaba Seenaa Oromoo kana bitee naaf kenne.
h. <u>Waaqa guddaa**tu**</u> waan mara murteessa waan ta'eef waan dhufe hunda fudhadhu.
i. <u>Eenyu isaanii**tu**</u> waa'ee firoomina isaanii isaan barsiise isaan fira waliin jedhan.
j. <u>Nama yeroo san bira jiruufi odeeffannoo isaa qabuu**tu**</u> waa'ee balichaa natti hime.

Himoota fakkeenya—12a hanga 12j kennaman keessatti, jechoonni, gaaleewwan yookaan ciroon jala sararaman akka matimaatti tajaajilan. Akka fakkeenyicharraa hubannutti unkaan dhamjechaa matimoonni kunneen maxxanfatan isa –tu jedhuudha. Akkasumaas, unkaa dhamjechaa kana kan maxxanfate maqaa (fakkeenya—12a fi 12b), jecha gaafii (fakkeenya—12c, 12d fi 12e), bamaqaa gaalee maqaa keessatti argamu (fakkeenya—12f fi 12i), maqibsii gaalee maqaa keessatti argamu (fakkeenya—12g fi 12h) fi gochima ciroo hirkataa (fakkeenya—12j) ti. Unkaan dhamjecha matimeessituu kun kan tajaajilarra oole himoota matima namoomalaa [impersonal subject] qaban yookaan jecha gaafii ta'e qaban keessatti. Kan hojiirra oolaniis xiyyeeffannoo ergaa himichaaf laachuufi.

**SEERA 11**: Hima gaafii matimni isaa jechoota lama, gaaleewwan lama yookaan ciroowwan lama kanneen walqabsiiftuu 'moo' jedhuun walqabatan qabu keessatti dhamjechi matimeessituun hojiirra oolu –tu isa jedhu yemmmuu ta'u dhamjechi kuniis kan maaaxxanu, akkuma isa seera 10tti, jecha, gaalee yookaanaaa ciroo isa boodaati. Fakkeenyi—13, inni itti aanu kan argisiisu seera kana:

**Fakkeenya—13**

a. Diimaa moo <u>adii</u>**tu** halluu filannoo mana keetiiti?
b. Kaleessa moo <u>har'aa</u>**tu** bara badhaadhinaa isa dhugaati?
c. Caaltuu moo obboleessa <u>ishee</u>**tu** barnootatti haalaan cimaadha?
d. Siinfiroomnee moo haadha <u>buddeenaa</u>**tu** balleessaa cimaa qaba?
e. Hojjechuu moo <u>taa'uu</u>**tu** hiyyummaaf nama saaxila?
f. Daddafanii gara barnootaa deemuu moo taa'anii <u>hiraaruu</u>**tu** furmaata gaariidha?

Fakkeenya—13a keessatti matimni dachaa walqabsiiftuu 'moo'n walqabsiifame maqibsii 'diimaa' fi 'adii' jedhu, fakkeenya—13b keessatti gochibsa 'kaleessa' fi 'har'a' jedhu, fakkeenya—13c keessatti maqaa 'Caaltuu' jedhuufi gaalee maqaa 'obboleessa ishee' jedhu, fakkeenya—13d keessatti maqaa 'Siinfiroomnee' jedhuufi gaalee maqaa 'haadha buddeenaa' jedhu, fakkeenya—13e keessatti gochima 'hojjechuu' fi 'taa'uu' jedhu, akkasumaas

fakkeenya—13f keessatti ciroo ‘daddafanii gara barnootaa deemuu’ fi ‘taa’anii hiraaruu’ jedhuutu walqabsiifame. Akkuma fakkeenyaawwan kanarraa hubannutti unkaan dhamjecha matimeessituu matimoonni kunneen fudhatan –tu kan jechu yoo ta’u dhamjechichi kan maxxane qaama matimaa isa boodaarratti.

**SEERA 12**: Gaaleen maqaa maqaalee lamaafi isaa ol irraa ijaarame yoo matima ta’e, Seera Dhamjecha Matimeessituu Dhamsaga Bu’ureeffate (SDMDB) hordofuun kan laticha maxxanfatu maqaa isa jalqabarratti argamu qofa. Itti fayyadama seera kanaa akka itti aanutti, Fakkeenya—14 jalatti haa ilaalluu

**Fakkeenya—14**

a. Biiroo**n** Barnootaa Oromiyaa qulqullina barnootaa fiduuf hojjechaa jira.
b. Man**ni** Barnootaa Bultii Addaa Adaamaa barattoota ciccimoo hedduu qaba.
c. Siinboonee**n** Bulchaa Boruu kutaa torbaffaa keessaa sadarkaa tokkoffaa bahe.
d. Jireeny**i** addunyaa kanaa bu’aa ba’ii hedduu qaba.

Fakkeenya—14a keessatti gaaleen maqaa jala sararame matima yemmuu ta’u gaalicha keessaa maqaa jalqabaa isa ‘Biiroo’ jedhu qofaatu dhamjecha matimeessituu maxxanfate. Fakkeenya—12b kessatti gaaleen maqaa ‘Mana Barnootaa Bulti Addaa Adaamaa’ jedhu inni jala sararame matima yemmuu ta’u jechi dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaa isa jalqabaa kan ‘Mana’ jedhuudha. Fakkeenya—14c keessatti ‘Siinboonee Bulchaa Boruu’ kan jedhu matima yoo ta’u maqaan dhamjecha matimeessituu maxxanfate kan jalqabaa isa ‘Siinboonee’ jedhuudha. Isa maayyii fakkeenya—14d keessatti gaaleen jala sararame inni ‘Jireenya addunyaa kanaa’ jedhu matima himichaa yemmuu ta’u gaalee kana keessaa kan dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaa jalqabaa isa ‘jireenya’ jedhu qofa. Walumaagalatti, fakkeenya kanarraa kan hubannu matima gaalee maqaa kan maqaalee irraa ijaarame keessatti kan latii matimummaa maxxanfatu maqaa jalqabaa qofa ta’uu isaati.

**SEERA 13**: Gaaleen maqaa maqaafi maqaarraa ijaaramte tan walqabsiiftuu ‘fi’ jedhuun walqabattee matima taate, SDMDB hordofuun kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatu maqaa isa dhumarratti argamuudha. Haa ta’uu malee, xiyyeeffannoo ergaa himichaarratti hundaa’uudhaan maqaan hundi dhamjecha matimeessituu maxxanfachuu danda’an. Fakkeenyi itti aanu, (Fakkeenyi—15) yaaduma kana argisiisa.

**Fakkeenya –15**

a. Barnootaafi beekkoms**i** addaan bahanii hin ilaalaman.

b. Caaltuufi Caalaa**n** obbolaa haadhaa-abbaa tokkooti.
c. Abbaa, haadhaa fi ilmoo**n** mana tokko wajjiin jiraatan.
d. Adaamaa, Shaggariifi Maayaa**n** magaalaalee sadarkaa godinaatti ijaaramaniidha.
e. Abbaa**n**, haa**ti**fi ilmoo**n** mana tokko wajjiin jiraatan.
f. Caaltuu**n**ifi Caalaa**n** obbolaa haadhaa-abbaa tokkooti.
g. Barnoon**ni**ifi beekkooms**i** addaan bahanii hin ilaalaman.

Maqaalee ‘barnoota’ fi ‘beekkumsa’ jedhu isa fakkeenya—15a irra kenname keessaa kan dhamjecha maxxanfate maqaa isa boodaati. Fakkeenya—15b keessatti maqaaleen ‘Caaltuu’ fi ‘Caalaa’ jedhan waan walqabsiiftuu ‘fi’ jedhuun walqabatanii matima ta’aniif maqaan boodaa inni ‘Caalaa’ jedhu dhamjecha matima mul’isu maxxanfate. Fakkeenya—15c keessattillee maqaaleen ‘abbaa’, ‘haadha’ fi ‘ilmoo’ jedhan walqabsiiftuu ‘fi’ jedhuun walqabachuun waan matima ta’aniif maqaan maayyii inni ‘ilmoo’ jedhu qoftiin dhamjecha matima mul’iftuu maxxanfate. Fakkeenya—15d keessattiin maqaaleen ‘Adaamaa’, ‘Shaggar’ fi ‘Maayaa’ jedhu walqabsiiftuu ‘fi’ jedhuun waan walitti hidhamuun matima ta’aniif maqaan boodarraa inni ‘Maayaa’ jedhu qoftiin dhamjecha matimeessituu maxxanfate. Walumaagalatti, maqaaleen lama yokkiin isaa ol yeroo walqabsiiftuu ‘fi’ jedhuun walqabachuun matima ta’an maqaa boodaatu dhamjecha matimeessituu maxxanfata. Haa ta’uu malee, akka fakkeenya—15e hanga 15g kennaman keessatti yoo maqaaleen lachuu yookiin hundi dhamjecha matimeessituu maxxanfatan xiyyeeffannoon addaa itti kennamuu argisiisan. Garaagarummaa jechi maayyii qoftiin dhamjecha matimeessituu maxxanfachuufi maqaaleen hundi dhamjecha matimeessituu maxxanfachuun qaban gadi fagoo taate tan biroo barbaachisa.

**SEERA14**: Gaaleen maqaafi bamaqaa abbummaa irraa ijaaramte yeroo matima ta’uun tajaajilte, SDMDB hordofuun kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatu maqaa isa jalqabaa qofa. Garuu, yoo gaalichi maqaafi bamaqaa gidduu yookaan booda maqibsii gale qabaate, kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatu maqaa isa jalqabaafi maqibsii sana. Ibsa seera kanaa fakkeenya itti aanu (Fakkeenya—16) jalatti haa ilaalluu:

**Fakkeenya—16**

a. Jaalallee**n** isaa waan jalaa heerumteef hamilee isaa cabe.
b. Abbaa**n** kiyya qotee bulaa cimaa oomisha guddaa oomishuudha.
c. Dogoggorr**i** guddaa**n** kee waan si hin ilaallanne keessa galuudha.

d. <u>Haa**ti** buddeenaa ishee</u> waan hacuucaa guddifteef Margeen ofitti amantummaa hin qabdu.

e. <u>Eessum**ni** isaanii Caalaa**n**</u> baqatee biyya ormaa keessa jiraata.

f. <u>Barsiisaa**n** Herreegaaa keenya qaxalee**n** sun</u> hojii manaa shaakalaaf nu kenne.

Fakkeenya—16a fi 16b keessatti matimni gaaleelee maqaa, maqaafi bamaqaa abbummaa irraa ijaaramaniidha. Gaaleeleen maqaa kunneen keessaa kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatan maqaalee jalqabarratti argaman qofa. Fakkeenya—16c keessatti matimni himichaa gaalee maqaa jala sararame isa 'dogoggora guddaa kee' jedhu yoo ta'u gaalichi maqaa, maqibsiifi bamaqaa abbummaarraa ijaarame. Gaalee maqaa akka matimaatti tajaajile keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaa 'dogoggora' jedhuufi maqibsi 'guddaa' jedhuudha. Bamaqaan 'kee' jedhu dhamjechicha hin maxxanfanne. Fakkeenya—16d keessatti gaaleen maqaa jala sararame maqaa lamaafi bamaqaa abbummaa irraa ijaarame. Gaaleen kun yeroo akka matimaatti tajaajilaalu kan dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaa jalqabaa qofa. Fakkeenya—16e keessatti matimni gaalee maqaa—maqaa, bamaqaa fi maqaa irraa ijaarameedha. Gaalee kana keessatti maqaa jalqabarratti argamuufi isa maayyiirra jiruutu dhamjecha matimeessituu maxxanfate.

Akka seera 12 irratti ibsametti gaalee maqaa maqaalee lamaafi lamaa ol irraa ijaarame keessatti kan dhamjecha matimeessituu fudhatu maqaa jalqabaa qofa. Garuu fakkeenya kana keessatti maqaan lammaffaa inni 'Caalaa' jedhu akka maqibsii eessumni kam akka ta'e addaan baasuuf ooleettii tajaajile. Kanaaf, dhamjecha matimeessituu maxxanfate. Fakkeenya—16f keessatti matimni gaalee maqaa 'barsiisaa Herreegaa keenya qaxalee sun' jedhu yeroo ta'u gaalee kana keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaa jalqabaa isa 'barsiisaa' jedhuufi maqibsii 'qaxalee' jedhuudha. Maqaan lammaffaa kan 'Herreega' jedhu, bamaqaan 'keenya' jdhuufi maqibsiin akeektuu 'sun' jedhu dhamjechicha hin maxxanfanne. Walumaagalatti, gaalee maqaa keessatti bamaqaafi maqibsiin akeektuu argaman dhamjecha matimeessituu akka hin fudhanne hubanna.

**SEERA 15**: Gaaleen maqaa maqaalee lama yookaan isaa olirraa ijaaramte yoo walqabsiiftuu 'yookaan' jedhuun walqabachuun matima taate, kan SDMDB hordofuun dhamjecha maxxanfatu maqaalee hunduma. Haa ta'uu malee, xiyyeeffannoo ergaa himichaarratti

hundaa'uun maqaaleen hunda keessaa inni maayyii qofti dhamjecha matimeessituu maxxanfachuu danda'a. Fakkeenya—17 irraa yaada kana haa mirkaneessinuu:

**Fakkeenya—17**

a. Barsiisaa**n** yookaan maatii**n** qabxii barataatiif itti gaafatamoodha.

b. Qilleens**i** yookaan nyaan**ni** lubbu qabeeyyiif baay'ee murteessoodha.

c. Barsiisoon**ni**, barattoon**ni** yookaan dureewwa**n** mariicharraa hafuu hinqaban.

d. Gaaddisee yookaan Laliseee**n** garana nuuf baatu.

e. Barattoota, barsiisoota yookaan duree**n** hafuu hinqaban.

Fakkeenya—17a fi 17b keessatti gaaleewwan matima ta'an walduraa duubaan 'barssiisaa yookiin maatii' fi 'qilleensa yookiin nyaata' kan jedhan yemmuu ta'u gaaleewwan kanneen keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatan maqaalee yookaan jechoota hunduma. Haaluma walfakkaatuun, fakkeenya—17c keessatti gaalee maqaa walqabsiiftuu 'yookaan' jedhuun walqabate isa 'barsiisoota, barattoota yookaan duree' jedhuudha. Gaaleen kun maqaalee sadii kanneen yookaaniin walqabatan yeroo ta'u matima ta'uuf maqaalee hundumaatu dhamjecha matimeessituu maxxanfate. Walumaagalatti, gaalee maqaa maqaalee lama yookaan isaa ol kanneen walqabsiistuu yookiin jedhuun walqabatan qabu keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatan maqaalee hundumaa akka ta'e hubanna. Haa ta'uu mallee, akka fakkeenya—17d fi 17e irratti kennametti dhamjechi matimeessituun maqaa isa maayyii qofarratti maxxanfamuu danda'a. Kun kan ta'u himoota idilee Afaan Oromoo keessatti osoo hin taane yeroo xiyyeeffannoon addaa ergaa himichaarratti kennameedha. Yaada kana bal'inaan ibsuun qorannoo egereetiif banaa gochuun dhiifameera.

**SEERA 16**: Yeroo gaaleen maqaafi maqibsii irraa ijaaramte matima taate, SDMDB hordofuun kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatu, maqaa jalqabaafi maqibsii hunda. Haa ta'uu malee, yeroo maqaa booda maqibsiiwwan lamaafi isaa ol dhufan, maqaafi maqibsii xumuraa malee maqibsii kaan dhamjechi matimeessituun irraa hafuu danda'a. Kun kan ta'u yeroo maqibsiiwwan maqaa booda dhufan walqabatoo ta'aniidha. Yaada kana fakkeenya itti aanu (Fakkeenya—18) jalatti haa ilaalluu:

**Fakkeenya—18**

a. Fard**i** bulloo**n** garmaama toluu bira taree mooraaf faaya taha.

b. Barataa**n** xiqqaa**n** qaxalee**n** kun kan dhalate ganda baadiyyaa Ciiko jedhamutti.

c. Konkolaataa**n** haaroow**ni** saffisaa**n** Harariifi Finfinee gidduu sa'aa lama deema.
d. Kitaaboon**ni** barataa moofaa**n** walitti qabamuun warreen moofaareessuuf gurgurame.
e. Barnoon**ni** bu'uraa gaarii**n** akkuma barnoota idileetti jireenya namaa jijjiira.
f. Fard**i** diimaa guddaa**n** tokko sakaallaa kutuun kaloo keessaa bade.

Fakkeenya—18a keessatti, matimni gaalee maqaa tokko (farad) fi maqibsii tokko (bulloo) of keessaa qabuudha. Gaalee kana keessatti maqaafi maqibsiiniis dhamjecha matimeessituu maxxanfataniiru. Fakkeenya—18b fi 18c keessatti gaalee maqaa tokkoofi maqibsiiwwan lama qabuutu matima ta'e. Gaalee kana keessatti kan dhamjecha maxxanfate maqaafi maqibsiiwwan lachani. Fakkeenya—18d fi 18e keessatti gaalee isa maqaa lamaafi maqibsii tokko irraa ijaarameetu matima himoota sanaa ta'e. Gaalee kana keessatti kan dhamjecha matimeessituu fudhate maqaa jalqabaafi maqibsiidha. Maqaan lamaffaa kan dhamjechicha fudhachuu dhabeef seera 12 irratti ibsameefi. Fakkeenya—18f kessatti, gaaleen maqaa, maqaa tokkoofi maqibsii lama irraa ijaarameetu matima himichaatti. Gaalee kana keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfate maqaafi maqibsii isa maayyiiti. Maqibsiin maqaatti aanee jiru dhamjechicha hinfudhanne, garuu fudhachuu danda'a. Garuu yeroo haala kanaan maqibsiin maqibsii biroo dursee jiru matima mul'iftuu fudhachuu dhabe, maqibsiiwwan lamaan walqabatoodha jechuudha. Yoo 'fardi diimaan guddaan jenne immoo 'diimaaniis' guddaaniis adda addaan fardicha addeessan jechuudha.

**SEERA 17**: Gaalee gochimaa akka matimaatti tajaajila laatu keessatti kan SDMDB hordofee dhamjecha matimeessituu maxxanfatu gochima isa xumuraati. Yaada kana Fakkeenya—19 isa itti aanee kenname irraa haa ilaalluu:

**Fakkeenya—19**

a. Ariifachuu**n** yeroo baay'ee dogoggorarra nama buusa.
b. Ganamaan lafaa ka'uu**n** fayyummaa qaama namaatiif barbaachisaadha.
c. Ganamaan hirriibaa ka'anii gara mana barnootaa deemuu**n** amala barataa qaxaleeti.
d. Yeroon hojii ofii xumuruu fi qaama barbaachisuuf gabaasuu**n** haalduree dhaabbatichi nurraa eeguudha.

Fakkeenya—19a keessatti, gochimni 'ariifaachuu' jedhu waan matima himichaa ta'eef dhamjecha matimeessituu –n jedhu maxxanfate. Fakkeenya—19b keessatti, gaaleen gochimaa 'ganamaan lafaa ka'uu' jedhu waan matima ta'uun tajaajileef gaalicha keessaa gochimni xumurarratti argamu dhamjecha matimeessituu maxxanfate. Fakkeenya—19c

keessatti, kan matima ta'ee tajaajile ciroo 'ganamaan hirriibaa ka'anii gara barnootaa deemuu' jedhuutu matima hima saniiti. Ciroo kana keessatti kan dhamjecha matima mul'isu fudhate gochima 'deemuu' jedhu kan xumurarratti argamuudha. Fakkeenya—19d keessatti, matima kan ta'an ciroowwan lama kanneen 'yeroon hojii ofii xumuruu' jedhuufi isa 'qaama barbaachisutti gabaasuu' jedhantu walqabsiiftuu 'fi' jedhuun walqabate. Cirroo kana keessatti kan dhamjecha matimeessituu maxxanfate gochima isa ciroo lammaffaa dhumarratti argamu isa 'gabaasuu' jedhuudha.

**SEERA 18:** Jechi tishoo yeroo matima ta'ee tajaajilu, kan SDMDB hordofee dhamjecha matimeessituu maxxanfatu qaama jecha tishichaa isa boodarraati. Yaada kana fakkeenyi itti aanu (Fakkenya—20) irraa haa ilaalluu:

**Fakkeenya—20**

a. <u>Harka qalleess**i**</u> akka kiyyaa kun mirga isaa kabajisiifachuu hin danda'u.
b. <u>Mata duree**n**</u> barnoota keenya kan har'aa waa'e dhamjecha matimeessituuti.
c. Gurbaa**n** <u>ija laafeess**i**</u> maaf intala dubbisuu dide jettu?
d. Intalt**i** xinnoo**n** <u>gara laafeettii**n**</u> akkam nama gammachiifti.

Fakkeenya—20a keessatti, kan matima himichaa ta'e jecha tishoo 'harka qalleessa' jedhuudha. Qaama jecha tishoo kana keessaa kan dhamjecha matimeessituu fudhate jecha isa lammaffaati. Fakkeenya—20b keessatti, matimni jecha tishoo 'mata duree' jedhu yogguu ta'u kan latii matimummaa fudhate jecha lammaffaa yookaan boodaati. Fakkeenya—20c keessatti, matimni himichaa 'gurbaa ija laafeessa' jedhuudha. Gaaleen kun maqaa of danda'e tokkoofi jecha tidhoo of keessaa qaba. Kanaafuu, gaalee kana keessaa maqaan jalqabaafi qaamni jecha tishichaa kan lammaffaa latii matima mul'iftu fudhatan. Fakkeenya—20d keessatti, matima kan ta'e gaalee 'intala xinnoo gara laafeettii' jedhu yemmuu ta'u gaalee kana keessaa kan dhamjecha matimummaa aergisiisu kan fudhatan maqaa jalqabaa, maqibsii maqaatti aanu, fi qaama jecha tishoo isa gara boodaati.

**SEERA 19**: Akka Shamshaddiin (2014) ibsetti 'matima soofame' jechuun matima maqaafi maqibsiirraa ijaarame isa faallaa seera afaanichaatiin maqibsiin latii matimummaa maxxanfacahuun maqaa dura dhufuudha. Gaalee maqaafi maqibsii irraa ijaaramte kan matima soofamee keessatti inni SDMDB hordofuun dhamjecha matimeessituu maxxanfatu maqaa itti aanee dhufu osoo hintaane maqibsii dursee argamuudha. Fakkeenya itti aanu, (Fakkeenya—21) jalatti yaada kana haa ilaalluu:

**Fakkeenya—21**

a. Guutuu**n** namaa hin cuqa'u.

b. Jarjaraa**n** waraabeessaa gaafa ciniine.

c. Ofjjejjuu**n** lukkuu an iyyinaan bari'e jetti.

d. Dayyuus**ni** niitii iccitii dhiirsaa gadbaaftee facaafti.

e. Hund**i** keenya waa'ee hubannaa nam-tolchee amma baraa jirra.

f. Gadhee**n** namaa waa'ee saba isaa dhiisee kan alagaa dhaadheessa.

Akkuma waliigalaatti, fakkeenyi—21 himoota matimoonni soofaman tajaajilarra itti oolan argisiisa. Akka Shamshaddiin (2014) ibsetti, matima soofame jechuun matima maqaafi maqibsiirraa ijaarame kan faallaa seerlluga idilee Afaan Oromootiin maqibsiin maqaa duursee dhufuudha. Matimni soofame baay'inaan kan argamu himoota mammaaksa Oromoo keessatti yemmuu ta'u yeroo tokko tokko haasbarruu (discourse) biroo keessattiis dhugaa waliigalaa ibsuuf ni tajaajila. Matimni soofame maqibsii maqaa durse qofa osoo hin taane maqibsii bamaqaa abbummaatiis ni dabalata. Fakkeenya—21a keessatti kan silaa 'nama guutuu' jechuun male, 'guutuu namaa' jedhe. Fakkeenya—21b keessattillee maqibsiin 'jarjaraa' jedhu maqaa 'waraabeessa' jedhu dursee taa'e. Fakkeenya—21c keessattiis inni 'ofjajjuu lukkuu' jedhu hima idilee keessatti 'lukkuu ofjajjuu' jechuu qaba. Fakkeenya—21d keessatti, kan 'niitii dayyuusa' jechuun male, 'dayyuusa niitii' jedhe. Fakkeenya—21e keessatti immoo 'nu hunda' isa jechuu qabuutu 'hunda keenya' jedhe. Fakkeenya—21f keessatti, maqaa 'nama' jedhu dursee maqibsiin 'gadhee' jedhu dhufe. Ijaarsa akkanaa isa matima soofame jedhamu keessatti xiyyeeffannoon maqibsii maqaa durse sanatti kan kennamu yemmuu ta'u himoonni matima akkasii qaban waan akka dhugaa waliigalaatti fudhatame yookiin dhugaa waliigalaa ta'e ibsan. Walumaagalatti, akkuma himoota fakkeenya—21 jalatti kennaman irraa hubachuun danda'amutti matima soofame keessaa kan dhamjecha matimeessituu maxxanfatu maqibsii isa maqaa yookaan bamaqaa abbummaa dursee dhufu sana.

## 5. Argannoowwaniifi Yaboo Qorannichaa

### 5.1.Argannoowwan

Qorannoon kun seeroota itti fayyadama dhamjecha matimeessituu Afaan Oromoo qaacceessuurratti fuulleeffata. Xiinxala sonaawaa gaggeeffameen akka bira gahametti, maqaaleen Afaan Oromoo irra caalaan sagaleewwan dubbachiiftuu dheertuu /aa/, /ee/, /ii/, /oo/ fi /uu/ jedhuun xumuraman. Maqaaleen Afaan Oromoo gariin immoo dhubbachiiftuu /a/

gabaabaan dhuman. Maqaaleen tokko tokko immoo sagalee dubbachiftuu /o/ gabaabduun ennaa xumuraman kanneen sagalee dubbifamaatiin goolabamaniis ni jiran. Maqaaleen Afaan Oromoo sagalee dubbachiiftuu gabaabduu /e/, /i/ fi /u/ jedhuun xumuraman immoo hin jiran.

Akka qorannoo kanaan bira gahametti, dhamjechi matimeessituun Afaan Oromoo unkaalee shaniin mul'ata. Isaaniis, -i, -ni, -n, -ti fi –tu dha. Kan akka matimaatti tajaajiluun dhamjecha matimeessituu kana fudhatan maqaa, maqibsii, gochimaafi bamaqaa abbummaa ta'uu danda'a. Akkaataan itti fayyadama unkaaalee dhamjecha matimeessituu kanaa haala jechichi itti xumuramu, dheerachuu yookaan gabaabbachuu dubbachiiftuu xumuraa, jabaachuu yookaan laaffachuu dubbifamaa xumuraa, gosa sagalee dubbii dubbifamaa maayyii fi haala jechichi itti qeenfamu (stress ta'u) irratti hundaa'a. Haaluma kanaan, seeroonni dhamjecha matimeessituu dhamsaga bu'ureeffatan (SDMDB) fi seeroonni dhamjecha matimeessituu xiinimarratti hundaa'an (SDMXH) adda baafamuun lafa kaa'amaniiru. Afaan Oromoo keessatti, jechi matima ta'e tokko yoo sagalee dubbachiiftuu dheertuu /aa/, /ee/, /ii/, /oo/ yookiin /uu/ jedhaniin xumurame, dhamjecha matimeessituu –n jedhu fudhata. Maqaaleen sagalee dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuramaniifi sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii jabaa ta'e, kanneen sagalee dubbifamaa dhumaa dursee sagalee irrabutaa qaban, akkasumaas kanneen sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /ch/ fi /ny/ ta'e marti yeroo matima ta'an dhamjecha matimeesstiuu –i jedhu maxxanfatan. Jechoonni sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /b/, /c/, /g/, /k/, /m/, /ph/, /q/, /s/, /sh/, /w/ fi /y/ laafaa ta'eefi dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraaman ennaa matima ta'anii tajaajilan dhamjecha –ni yookaan –i jedhu maxxanfatan. Jechoonni sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /r/, /l/, /j/ fi /n/ laafaa ta'eefi dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman yeroo matima ta'an dubbifamaan dhumaa jabaatee yookaan dachaa ta'ee dhamjecha –i jedhu maxxanfatan. Maqaaleen yookiin jechoonni sagalee dubbifamaa dhumaa /d/, /t/, fi /x/ laafaa ta'e qabaniifi dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman, yemmuu matima ta'an dubbifamaan dhumaa gara sagalee /n/ jijjiiramee dhamjechi –ni jedhu itti dabalama. Jechoonni sagaleen dubbifamaa dhumaa isaanii /dh/ fi /'/ yookaan hudhaa ta'e kanneen /a/ gabaabaan xumuraman haala laamaan matimoomfaman. Jechoonni kunneen yoo birsagni jalqabaa qeenfame, sagaleen dubbachiftuu dubbifamaa dhumaa dursee jiru dheerachuun dubbifamaan dhumaa gara sagalee /n/ jijjiiramuun dhamjechi –i jedhu itti dabalama. Yoo birsagni boodaa qeenfame immoo dubbachiiftuun dubbifamaa dhumaa dursee jiru dheeratee dubbifamaan dhumaa gaara sagalee /t/ jijjiiramuun dhamjechi –i jedhu itti dabalama. Jechoonni sagaleen dubbifamaan dhumaa isaanii /f/ laafaa ta'eefi dubbachiiftuu /a/ gabaabduun xumuraman, dhamjecha –ni yookiin –ti jedhu

maxxanfachuun matimoomfaman. Maqaaleen Afaan Oromoo sagaalee dubbachiiftuu /o/ gabaabduun xumuraman, akkasumaas maqaaleen sagalee dubbifamaatiin dhuman dhamjecha osoo hin maxxanfatin matima ta'uun tajaajilan.

Maqaaleen, jechoonni gaafii yookiin gaaleen akka matima namoomalaa (impersonal subject) ta'uun tajaajilan, akkasumaas matimoonni himoota gaafii keessatti walqabsiiftuu 'moo' jedhuun walqabatan dhamjecha –tu jedhu kan fudhatan yemmuu ta'u dhamjechichiis kan maxxanu jecha boodaarratti. Gaaleen maqaalee lama yookiin isa ol irraa ijaaramte yoo matima taate, kan dhamjecha matimeessituu fudhatu yookaan maxxanfatu maqaa jalqabaa qofa. Gaaleen maqaalee yookiin jechoota walqabsiiftuu 'fi' jedhuun walqabatan irraa ijaaramte yemmuu mitima taatu kan dhamjecha maxxanfatu maqaa yookaan jecha isa maayyiiti. Gaaleen maqaafi bamaqaarraa ijaaramte yeroo matima taatu kan dhamjecha maxxanfatu maqaa isa jalqabaarra jiruudha. Gaaleen maqaalee (jechoota) lama yookiin isaa ol kanneen walqabsiiftuu 'yookaan jedhuun walqabatan irraa ijaaramte yoo matima taate kan dhamjecha maxxaanfatu maqaalee (jechoota) hunduma. Yeroo gaaleen maqaafi maqibsiirraa ijaaramte matima taate, kan dhamjecha maxxanfatu maqaa isa jalqabaafi maqibsii hundumaati. Gaalee gochimaa akka matimaatti tajaajilte kessatti kan latii matimummaa maxxanfatu gochima is maayyiirratti argamuudha. Jechi tishoo yeroo matima ta'ee tajaajilu, kan latii matimummaa argisiiftu maxxanfatu qaama jecha tishoo kan boodaati. Matima soofame (isa maqibsiin maqaa dursee dhufe) keessatti kan dhamjecha matimeessituu fudhatu maqibsii isa maqaa dursee dhufe san qofa.

Walumaagalatti, qorannoon kun seeroota itti fayyadama dhamjecha matimeessituu addaan baasee kan kaa'e yemmuu ta'u qoratichi seeroonni walxaxaan dhamjecha matimeessituun walqabatu kan qorannoo kanaan bira hin gahamin akka jiraachuu danda'an tilmaama. Seeroota akkasii san qorannoo fuulduraatiif banaa godhuun qorannoon kun goolabameera.

### 5.2.Yaboo

**A**rgannoowwan armaan olitti ibsamairratti hundaa'uun yaboon armaan gaditti tarraa'an kennamaniiru:

- Qorannaan seerluga Afaan Oromoorratti gaggeeffame baay'ee xiqqaafi kan irra keessaa waan tureef hayyoonni xiinqooqaa Oromoo tokkon tokkoo mataduree seerlugaa afaanichaarratti qorannoo gadi fagoo gaggeessuu qabu.

- Barsiisoonni, ogeeyyiin barnootaafi qopheessitoonni kitaaboota baratataa bu'aa qorannoo kanaa madaaluun seeroota dhamjecha matimeessituu keessattuu barnoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kennamuuf oolchuu qabu.

Ogeeyyiin odeeffannoofi teknoloojii, warreen gamlatoota, daalgeessootaafi manaaroo tajaajila Afaan Oromoo fi afaan biroo giddutti jijjiirraa hojjetan keessa dalagan yookiin qunnamtii qaban bu'aa qorannoo kanaa sirnoota dijitaalaa sanaan wal barsiisuun daogoggora dhamjecha matimeessituun walqabatee uumamuu malu maqsuu qabu.

**Wabiilee**


Alexiadou, A. (2001). *Functional structure in nominals: Nominalization and ergativity*. Amsterdam: John Benjamins Publishing.

Aronoff, M., & Fudeman, K. (2011). *What is morphology?* (2nd ed.). Oxford: Wiley-Blackwell.

Baqqalaa, B. (2021). *Afaan Oromoo Syntax: A Minimalist Approach*. Finfinne: Oromia Culture and Tourism Bureau.

Bayu Yilma.(2015). *Sociolinguistic variation in Afaan Oromoo*. MA Thesis, Haramaya University.

Bloomfield, L. (1933). *Language*. New York: Holt, Rinehart and Winston.

Cerulli, E. (1922). *Note di fonetica e grammatica della lingua Oromo*. Roma: Tipografia del Senato.

Dejene, B. (2020). *Grammatical structures of Borana Oromo*. PhD Dissertation, Addis Ababa University.

DeKeyser, R. M. (2003). *Implicit and explicit learning*. In C. Doughty & M. Long (Eds.), *The handbook of second language acquisition* (pp. 313–348). Oxford: Blackwell.

Delby, B. (2006). *The morpho-syntactic structure of verb forms in Oromo*. Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.

Ellis, R. (2006). *The study of second language acquisition* (2nd ed.). Oxford: Oxford University Press.

Gragg, G. (1976). Oromo of Wellega. In M. Lionel Bender (Ed.), *The non-Semitic languages of Ethiopia* (pp. 166–195). East Lansing: African Studies Center, Michigan State University.

Haffari, Y. (2018). *Contrastive analysis of English and Afaan Oromoo phonology*. MA Thesis, Jimma University.

Halliday, M. A. K. (2004). *An Introduction to Functional Grammar* (3rd ed.). London:

Heine, B., & Nurse, D. (Eds.). (2000). *African languages: An introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.

Hockett, C. F. (1958). *A course in modern linguistics*. New York: Macmillan.

Hussien, T. 2015. *A Dictionary of Research Methodology and Statistics in Applied Linguistics***.** Rahnama Printing Press, Tehran, available online https://en.m.wikipedia.org/wiki/oral-literature .

Ibrahim Mohammed (2015). *The status of Afaan Oromoo in higher education institutions of Ethiopia*. PhD Dissertation, Addis Ababa University.

Keith, J., & Sarah, T. (2009). *An Introduction to Sociolinguistics*. Oxford: Blackwell Publishing.

Krashen, S. D. (1972). *Language and the mind*. New York: Pergamon Press.

Larsen-Freeman, D. (2003). *Techniques and principles in language teaching* (2nd ed.). Oxford: Oxford University Press.

Lopez, L. E. (2008). *Cultural diversity and the role of education*. In J. Cummins & N. Hornberger (Eds.), *Encyclopedia of Language and Education* (2nd ed., Vol. 5, pp. 199–212). Springer.

Mekuria Bulcha.(1995). *The status of Oromo language in Ethiopia*. In Proceedings of the Oromo Studies Association.

Savignon, S. J. (2002). *Interpreting communicative language teaching: Contexts and concerns in teacher education*. New Haven: Yale University Press.

Shamshaddiin Ahmad (2014). Argisiiftoota Mammaksummaa Mammaaksoota Oromoo: Maleenyaa Caasaafi Tajaajilaa gama Mifoota Akkaatummaa, Ogummaafi Xiinimaatiin, WIRTUU Jildii 15,

Swain, M. (2005). The output hypothesis: Theory and research. In E. Hinkel (Ed.), *Handbook of research in second language teaching and learning* (pp. 471–483). Mahwah, NJ: Lawrence Erlbaum.

Tafarrii Dajanee. (2015). *Guddina fi dagaagina afaan oromoo barreeffamaan*. Finfinne: Master's Thesis, Addis Ababa University.

Tamene, B. (2006). *A comparative study of the phonology of Oromo dialects*. MA Thesis, Addis Ababa University.

Tilahun, G. (1993). *Oromo-English dictionary*. Addis Ababa: Artistic Printing Press.

Tilahun Negash. (2018). *Language policy and the role of Afaan Oromoo in Ethiopian education system*. Addis Ababa University.

Tura, J. (2012). *Challenges in developing mother tongue education: The case of Afaan Oromoo*. Addis Ababa: Institute for Educational Research.

Williams, J. (2009). *Form-focused instruction*. In M. H. Long & C. J. Doughty (Eds.), *The handbook of language teaching* (pp. 581–604). Oxford: Blackwell

**Acknowledgment**

The authors would like to express their sincere gratitude to all individuals and institutions who contributed to the completion of this research.

**Conflict of Interest**

The authors declare no conflict of interest.

**Funding**

The authors declare that this study received no external funding.

Harla Journal of Social and Behavioral Studies gives access to this work open access and licensed under a Creative Commons Attribution-NonCommercial 4.0 International License.
(Creative Commons Attribution-NonCommercial 4.0 International License)